- 3) Reviews and decides on decisions given by Head of Discipline and Inspection Secretariat on simple disciplinary violations; the decision given accordingly is final and shall have no petition against it;
- 4) Reviews and decides, in its appellate jurisdiction, final decision of the Disciplinary Committee of the Civil Servants of the Supreme Court; A decision given accordingly shall be final and have no appeal and petition against it.
- 5) Discharges other functions as may be assigned to it by the President in relation to disciplinary matters.

14. Powers and Functions of Head of Supreme Adjudicatory Team

Head of Supreme Adjudicatory Team is accountable to Head of Secretariat of the Commission and shall have the following powers and functions:

- 1) Receives disciplinary cases and presents it to the Supreme Adjudicatory Team;
- 2) Convenes the meeting of the Supreme Adjudicatory Team and presides over it;
- 3) Organizes activities of the Supreme Adjudicatory Team; organize disciplinary files and keep them;

- 4) Galmee fi sanadoonni Garee Gumii Waliigalaa sirnaa fi haala ammayyaan qabamuu isaanii ni mirkaneessa;
- 5) Gabaasa hojii Garee Gumii Waliigalaa qopheessee Waajjira Gumiif ni dhiyeessa;
- 6) Hojiilee biroo Walitti qabaa Gumii, Ittigaafatamaa Waajjira Gumii yookiin Gumii Naannootiin kennamaniif ni raawwata.

15. **Waajjira Naamusaa fi Inispeekshinii**

- 1) Itti waamamni Waajjira Naamusaa fi Inispeekshinii Pirezidaantiif ta'ee, Ittigaafatamaa fi ogeessota hojiif barbaachisan ni qabaata.
- 2) Waajjirri Naamusaa fi Inispeekshinii aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Naamusa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa fi hawaasa Mana Murtii daagaagsuuf, akkasumas aadaa hojii garii fi ilaalcha tajaajiltummaa hawaasa Mana Murtii gabbisuuf ni hojjata;
 - (b) Sirnaa fi hojimaata badaa badii naamusaaf maddaa ta'uu danda'anii fi qaawwaa banan ni qorata; yaada furmaataa yookiin fooyya'insaa ni dhiyeessa; yoo murtaa'us hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
 - (c) Qaama rogumaa qabu biroo waliin ta'ee, qabeenya hawaasa Mana Murtii naanichaa ni galmeessa; ifa ni godha; kanaafis sirna ni diriirsa;
 - (d) Imaammataa fi tarsii moo ittisa badii naamusaa fi farra-malaammaltummaa Manneen Murtii Nannichaa ni qopheessa; yoo mirkannaa'us ni raawwachiisa;
 - (e) Dhimmota naamusaa fi hojimaata badaa irratti hojii hubannoo cimsuu fi barsiisuu ni hojjata; kanaan walqabatee odeeffannoo fi ragaa walitti ni qaba, ni maxxansa, ni tamsaasa;

- ፬) የጠቅላይ ጉባኤ ቡድን መዛግብትንና ሰነድ በአግባቡና በዘመነ መልኩ መያዣውን ያረጋግጣል።
- ፭) የጠቅላይ ጉባኤ ቡድን ሥራ አፈጻጸም ሪፖርት አዘጋጅቶ ለጉባኤ ጽ/ቤት ያቀርባል።
- ፮) በጠቅላይ ጉባኤ ሰብሳቢ የጉባኤ ጽ/ቤት ኃላፊ ወይም በጉባኤው የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎች ይፈፅማል።

፲፩ የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ጽ/ቤት

- ፩) የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ጽ/ቤት ተጠሪነት ለፕሬዚዳንቱ ሆኖ ኃላፊ እና ለሥራው አስፈላጊ የሆኑ ባለሙያዎች ይኖሩታል።
- ፪) የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ጽ/ቤት የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።
 - (ሀ) የፍርድ ቤት ማህበረሰብ ሥነ-ምግባርና የጻገነት ሥራ መርሆን ለማጎልበት እንዲሁም የሥራ ባህልና የአገልጋይነት አመለካከትን ለማዳበር ይሠራል።
 - (ለ) የሥነ-ምግባር ግድፈት መንስኤ ሊሆኑ የሚችሉ ሥርዓቶችና ብልሹ አሠራሮችን ያጠናል፤ የመፍትሄ ወይም ማሻሻያ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲወሰንም ተግባራዊነቱን ይከታተላል።
 - (ሐ) አግባብ ካለው አካል ጋር በመሆን የፍርድ ቤት ማህበረሰብ ሀብት ይመዘግባል፤ ይፋ ያደርጋል፤ ለዚህም አሠራር ይዘረጋል።
 - (መ) የክልሉ ፍርድ ቤቶች የሥነ-ምግባር ግድፈት መከላከል እና ፀረ-ክራይ ሰብሳቢነት ፖሊሲና እስትራቴጂ ያዘጋጃል፤ ሲፀድቅም ያስፈጽማል።
 - (ሠ) የሥነ-ምግባርና ብልሹ አሠራር ጉዳዮች ላይ የግንዛቤ ማዳበሪያ እና የማስማር ሥራ ይሰራል፤ ከዚህ ጋር የተያያዘ መረጃ ይሰበስባል፤ ያሳትማል፤ ያሠራጫል።

- 4) Ensures that files and documents of the Supreme Adjudicatory Team are kept in systematic and modernized manner;
- 5) Prepares performance report of the Supreme Adjudicatory Team and presents same to the Secretariat of the Commission.
- 6) Discharges other functions as may be assigned to him by the Chairman of the Commission, Head of the Secretariat of the Commission or the Commission.

15. **Office of Ethics and Inspection**

- 1) The Office of Ethics and Inspection is accountable to the President and shall have a head, and professionals required to carry out its functions.
- 2) The Office of Ethics and Inspection shall have the following powers and functions:
 - (a) Undertakes to develop the ethics and values of judicial tasks and the court Community as well as to enrich the working culture and attitude of the court community;
 - (b) Undertakes a study on systems and malpractices which serve as causes for and open a door for ethical violations; forwards recommendations or reform ideas there with; follow up its implementation upon final determination;
 - (c) In collaboration with concerned organs, Registers property of the Court community and declares it, designs a system for same;
 - (d) Prepares policies and strategies aimed at fighting judicial corruption and ethical violations; implements same upon approval;
 - (e) Undertakes to educate and create awareness on disciplinary issues and malpractices; collects, publishes and disseminates relevant information and data;

- | | | |
|---|--|---|
| <p>(f) Dhimmoota murtii argatan irratti sakatta'iinsa (odiitii galmee murtiin boodaa) ni ta-asisa; kanaaf sirna ni diriirsa; bu'aa odiitii irratti hundaa'ee tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamuuf ni hojjata;</p> <p>(g) Iyyannoo yookiin komii naamusaa ni keessummeessa; kanaafis sirna mijataa fi iftooma qabu ni diriirsa;</p> <p>(h) Badiiwwan naamusaa cimaa Abbaa Seeraa fi muudamaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi kan Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa ni qorata; himannaa naamusaa Garee Gumii Waliigalaa irratti ni dhiyeessa; kanaafis sirna bu'a qabeessa ta'e ni diriirsa;</p> <p>(i) Badiiwwan naamusaa salphaa Abbaa Seeraa fi Muudamaa kan Mana Murtii Waliigalaa qoratee yaada murtii wajjin Itti Gaafatamaa Waajjirichaaf ni dhiyeessa;</p> <p>(j) Murtii Gareen Gumii Waliigalaa kenne yoo komate oliyyannoo fudhatee ni hordofa;</p> <p>(k) Komii oliyyannoo Garee Naamusaa fi Inispekshiniin Godinaa irraa dhiyaatu fudhee ni keessummeessa;</p> <p>(l) Dhimma naamusaa irratti Manneen Murtii Ol'aanaa fi Manneen Murtii Aanaaf deegarsa teekinikaa ni kenna; dan-deettii isaanii ni misoomsa;</p> <p>(m) Haala fi sadarkaa naamusa hawaasa Manneen Murtii Naanichaa ilaalchisee xiinxala ni geggeesssa; ragaa ni qindeessa; gabaasaa ni dhiyeessa; yaada fooyya'iinsaa ni dhiyeessa; yoo murtaa'us hojiirra oolmaa isaa ni mirkanneessa;</p> <p>(n) Dhimmoota naamusaa fi hojimaata badaa irratti Pirezidaantii mariisisuudhaan qaamolee dhimmi ilaalu waliin qindoominaa fi atoominaan ni hojjata;</p> <p>(o) Hojiilee biroo Gumii yookiin Pirezidaantiin kennamaniif ni hojjata.</p> | <p>(ረ) ውሳኔ ባገኙ ጉዳዮች ላይ የመዛግብት ድህረ ምርመራ ያካሂዳል፤ ለዚህም ሥርዓት ይዘረጋል። የድህረ ምርመራ ውጤት ላይ ተንተርሶ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ይሰራል።</p> <p>(ሰ) አቤቱታ ወይም ቅሬታን ያስተናግዳል። ለዚህም ምቹና ግልጽ የአሠራር ሥርዓት ይዘረጋል።</p> <p>(ሸ) የኦሮሚያ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ዳኞችና ተሿሚዎች እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ዳኞች ከባድ የሥነ-ምግባር ጥሰትን ይመረምራል፤ የሥነ-ምግባር ጥሰት ክስ ለጉባኤ ቡድን ያቀርባል፤ ለዚህም ውጤታማ ሥርዓት ይዘረጋል።</p> <p>(ቀ) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ዳኞችና ተሿሚ ቀላል የሥነ-ምግባር ግድፈት አጥንቶ ከውሳኔ ሃሳብ ጋር ለጽ/ቤቱ ኃላፊ ያቀርባል።</p> <p>በ) የጠቅላይ ጉባኤ ቡድን በሰጠው ውሳኔ ላይ ቅሬታ ካለው ይግባኝ ወስዶ ይከታተላል።</p> <p>(ተ) ከዞን የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ቡድን የሚቀርቡ ይግባኝ ቅሬታዎችን ተቀብሎ ያስተናግዳል።</p> <p>(ቸ) በሥነ-ምግባር ጉዳይ ላይ ለከፍተኛ እና ወረዳ ፍርድ ቤቶች ቴክኒካል ድጋፍ ይሠጣል፤ ብቃታቸውንም ያሳድጋል።</p> <p>(ኀ) የክልሉ ፍርድ ቤቶች ሥነ-ምግባር ሁኔታና ደረጃ አስመልክቶ ግምገማ ያደርጋል፤ መረጃ ያጠናቅራል፤ ሪፖርትና የማሻሻያ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲወሰንም ተግባራዊነቱን ያረጋግጣል።</p> <p>(ኘ) ፕሬዚዳንቱን በማማከር ሥነ-ምግባርና ብልሹ አሠራር ላይ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው ጋር በመቀናጀትና በመተባበር ይሠራል።</p> <p>(ኧ) በጉባኤ ወይም በፕሬዚዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎች ይፈፅማል።</p> | <p>(f) Carries out post judgment audit of cases; provides system for this; takes remedial measures following the result of the audit;</p> <p>(g) Receives disciplinary complaints or grievances; designs and puts in place suitable and transparent systems and practices for same purpose;</p> <p>(h) Investigates grave disciplinary violations committed by judge and appointee working at Supreme Court level and judge of High Courts; files a charge before Supreme Adjudicatory Team; designs and puts in place effective system to this end;</p> <p>(i) Investigates simple ethical violations committed by judges and appointees working at the Supreme Court level and present same with recommendation to the Head Office of Ethics and Inspection.</p> <p>(j) Takes appeal from the decision of the Supreme Adjudicatory Team where not satisfied by such decision and follows up same.</p> <p>(k) Receives memorandum of appeal coming from Zonal Ethics and Inspection Team.</p> <p>(l) Provides technical support to High Courts and District Courts in relation to disciplinary matters;</p> <p>(m) Conducts analysis regarding the situation and level of discipline of Court community; organizes data; presents report, forwards recommendations; implements same upon approval;</p> <p>(n) Works in collaboration and partnership with other concerned organs in relation to disciplinary matters and malpractice after discussion with the President;</p> <p>(o) Discharges other functions as may be assigned to it by the Commission or the President.</p> |
|---|--|---|

16. Aangoo fi Hojii Itti Gaafatamaa Waajjira Naamusaa fi Inispekshinii
Itti Gaafatamaan Waajjira Naamusaa fi Inispekshinii itti waamamni isaa Pirezidaantiif ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Hojii Waajjirichaa ni hoggana, ni to'ata;
- 2) Galmeewwanii, sanadoota fi ragaa dhimma naamusaa sirnaa fi haala ammayyaatiin qabamuu isaanii ni mirkaneessa;
- 3) Badiiwwan naamusaa salphaa Abbaa Seeraa fi Muudamaa Mana Murtii Waliigalaan raawwataman yaada murtii dhiyaateef irratti hundaa'uun ni murteessa;
- 4) Hojii waajjirichaa ni karoorsa, gabaasa raawwii hojiis pirezidaantiif ni dhiyeessa;
- 5) Hojiiwwan dabalataan Pirezidaantiin yookiin Gumii Naannootiin kennamuuf ni raawwata.

17. Gumii Godinaa

- 1) Gumiin Godinaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ----- Walittiqabaa
 - (b) Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa tokko -- Miseensota
 - (c) Abbootii Seeraa Mana Murtii Aanaa lama (yoo xiqqate tokko dubartii) -----Miseensa
 - (d) Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa tokko ----- Miseensa
 - (e) Muudamaa Gumii Godinaa tokko ----- Miseensa
 - (f) Miseensa Caffee godinicha keessaa Af-yaa'iin kan bakka bu'u tokko ----- Miseensa
- 2) Dhimmi Qaadii Mana Murtii Shara'a ilaallatu yoo dhiyaatu Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaatiin kan bakka buufamu Qaadiin tokko sagaleedhaan ni hirmaata.

፲፮. የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ጽ/ቤት ኃላፊ ሥልጣንና ተግባር

- የሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ጽ/ቤት ኃላፊ ተጠሪነት ለፕሬዚዳንት ሆኖ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።
- ሐ) የጽ/ቤቱን ሥራ ይመራል፤ ይቆጣጠራል።
 - ከ) የሥነ-ምግባር መዛግብት፣ ሰነዶችና ማስረጃ በአግባቡና ዘመናዊ ሥርዓት መያዣውን ያረጋግጣል።
 - ለ) በጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና ተጽዕኖ የተፈጸሙ ቀላል የሥነ-ምግባር ግድፈቶችን የቀረበለትን የውሳኔ ሃሳብ መሠረት አድርጎ ይወስናል።
 - መ) የጽ/ቤቱን ሥራ ያቅዳል፤ የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ለፕሬዚዳንቱ ያቀርባል።
 - ራ) በፕሬዚዳንቱ ወይም በክልል ጉባኤ የሚሰጡትን ተጨማሪ ሥራዎች ይፈጽማል።

፲፯. የዞን ጉባኤ

- ሐ) የዞን ጉባኤ ቀጥሎ የተገለጹ አባላት ይኖሩታል
 - (ሀ) ከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት— ሰብሳቢ
 - (ለ) አንድ የከፍተኛ ፍርድ ቤት ጻፍ— አባል
 - (ሐ) ሁለት የወረዳ ፍርድ ቤት ጻፍ— አባል
 - (መ) አንድ የወረዳ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት— አባል
 - (ሠ) አንድ የዞን ጉባኤ ተጽዕኖ— አባል
 - (ረ) አንድ በአፈ ጉባኤ የሚወከል ከዞን የተወከለ የጨፌ አባል— አባል
- ከ) የሽረዓ ፍርድ ቤት ቃዲን የሚመለከት ጉዳይ ሲቀርብ በከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የሚወከል አንድ ቃዲ በድምፅ ይሳተፋል።

16. Powers and Functions of Head Office of Ethics and Inspection
The Head Office of Ethics and Inspection is accountable to the President and shall have the following powers and functions:

- 1) Directs and supervises the activity of the Office ;
- 2) Ensures that files, documents and data of disciplinary issues are kept in systematic and modernized manner;
- 3) Decides on simple disciplinary violations committed by judge and appointee working at the Supreme Court level based on the recommendation so forwarded;
- 4) Plans activities of the Office and presents its report to the President.
- 5) Discharges other functions as may be assigned to him by the President or Regional Commission.

17. Zonal Commission

- 1) The Zonal Commission shall have the following members:
 - (a) President of the High Court-----Chairman
 - (b) One High Court judge-Member
 - (c) Two District Court Judges (at least one female)---Members
 - (d) One District Court President-----Member
 - (e) One Appointee of the Zonal Commission -----Member
 - (f) One member of Caffee from among those representing the Zone -----Member
- 2) One Qadi who will be assigned by the High Court President shall participate in Zonal Commission with vote where matters pertaining to Qadi's of Sharia Courts are under consideration.

- 3) Ogeessi Dhimma Gumii sagalee malee barreessaa Gumii ta'ee ni hojjeta.
- 4) Walittiqabaan yeroo hin jirretti Abbaan Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa miseensa Gumii ta'e Walittiqabaa Gumii ta'ee ni hojjata.
- 18. Ulaagaa fi Haala Filannoo Miseensotaa**
- 1) Miseensonni Gumii Godinaa Keewwata 17 (1) (b) hanga (e) jalatti ibsaman naamusa fakkeenyummaa qabu, raawwii hojii ol'aanaa fi muuxannoo gahaa kan qaban ta'uu qabu. Naamusaa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa cimsuu fi Manneen Murtii jijjiiruuf kutannoo fi ejjennoo cimaa kan qaban ta'uu qabu.
- 2) Haalli filannoo miseensotaa akka armaan gadii ta'a.
- (a) Kanneen Keewwata 17 (1) (b) fi (c) irratti caqafaman, pirezidaantiin Mana Murtii Ol'aanaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa keessaa nama lama, kan Mana Murtii Aanaa keessaa namoota afur - ulaagaa guutan filee Yaa'ii Abbootii Seeraa Godinaaf ni dhiyeessa. Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa tokkoo fi kan Mana Murtii Aanaa lama sagalee caalmaa argatanis miseensa ta'anii ni filatamu.
- (b) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) (a) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, miseensa sababa addaa addatiin hir'ate yoo jiraate hanga filannoo itti aanuutti pirezidaantiin Mana Murtii Ol'aanaa nama ulaagaa guutu biraa bakka buusuu ni danda'a.
- (c) Miseensonni Garee Gumii Keewwata 17 (1) (d fi e) jalatti caqasaman pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaatiin kan bakka buufaman ta'u.

- ፫) የጉባኤ ጉዳዮች ባለሙያ ያለ ድምጽ የጉባኤው ፀሐፊ በመሆን ይሠራል።
- ፬) ሰብሳቢ በሌለ ጊዜ የጉባኤ አባል የሆነ የከፍተኛ ፍርድ ቤት ጃኛ የጉባኤ ሰብሳቢ ሆኖ ይሠራል።
- ፲፰. ስለ አባላት አመራረጥ እና መስፈርት**
- ፩) በአንቀጽ ፲፮ ንዑስ አንቀጽ ፩ ከፊደል ተራ “ለ” እስከ “ሠ” የተገለፁት የዞን ጉባኤ አባላት ተምሳሌታዊ ሥነ-ምግባር ፣ ከፍተኛ የሥራ አፈፃፀም እና በቂ የሥራ ልምድ ያላቸው ፣ የዳኝነት ሥነ-ምግባርና መርሆን ለማጠናከርና ፍርድ ቤቶችን ለማሻሻል ጠንካራና ቆራጥ አቋም ያላቸው መሆን አለባቸው።
- ፪) የአባላቱ አመራረጥም እንደሚከተለው ይሆናል
- (ሀ) በአንቀጽ ፲፮ ንዑስ አንቀጽ ፩ ከፊደል ተራ “ለ” እስከ “ሐ” የተጠቀሱት የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ከከፍተኛ ፍርድ ቤት ጃኞች መካከል ሁለት ሰው፣ ከወረዳ ፍርድ ቤት ጃኞች አራት ሰው መስፈርቱን የሚያሟሉትን መርጦ ለዞን ጃኞች ጉባኤ ያቀርባል። አብላጫ ድምፅ ያገኙት አንድ የከፍተኛ ፍርድ ቤት እና ሁለት ወረዳ ፍርድ ቤት ጃኞች አባል ሆነው ይመረጣሉ።
- (ለ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ (ሀ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በልዩ ልዩ ምክንያት የጎደለ አባል ካለ የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እስከሚቀጥለው ምርጫ ድረስ መስፈርቱን የሚያሟላ ሰው መወከል ይችላል።
- (ሐ) በአንቀጽ ፲፮ ንዑስ አንቀጽ ፩ (መ) እና (ሠ) ሥር የተጠቀሱት የዞን ጉባኤ አባላት በከፍተኛው ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የሚወከሉ ይሆናል።

- 3) An Expert of the Commission shall serve as the secretary of the Zonal Commission without having a vote.
- 4) In case of the absence of the Chairman of the Zonal Commission, the High Court Judge who is the member of the Commission shall act as Chairman of the Commission;
- 18. Criteria and Manner of Election of Members**
- 1) Members of the Zonal Commission stipulated under Article 17 (1) (b) up to (e) shall be of exemplary in terms of their discipline, have high performance and sufficient experience. They are required to possess strong commitment and stand to strengthen judicial discipline and values, and to transform Courts.
- 2) The manner of their election is as follows:
- (a) Members listed under Article 17 (1) (b) and (c) are elected by the Zonal Plenum of Judges by majority vote from among two High Court Judges and four District Court Judges nominated and presented by the President of the High Court.
- (b) Notwithstanding the provision of Sub-article (2) (a) of this Article, the President of the High Court may substitute, with one who can meet the criteria, a Member of the Commission who could not continue with his membership on account of different reasons until election is held on the following plenum.
- (c) Members of the Zonal Commission provided under Article 17 (1) (d) and (e) shall be assigned by the President of the High Court.

(d) Miseensi Garee Gumii Kee-wwata 17 (1) (f) irratti caqa-fame hubannoo seeraa yookiin hojii Mana Murtii kan qabu fi Mana Murtii deeggaruuf fedhii fi kaka'uumsa kan qabu ta'ee Afyaa'ii Caffeen kan bakka buufamu ta'a.

19. Aangoo fi Hojii Gumii Godinaa

Itti waamamni Gumii Godinaa pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Badii hanqina naamusaa ciccimoo Abbootii Seeraa fi Mudamtoota Manneen Murtii Aanaa fi Muudamtoota Gumii Mana Murtii Ol'aanaa, badii naamusaa pirezidaantii Mana Murtii Aanaa, ofiisera naamusaa fi inispeekshinii Aanaa ilaalee ni murteessa;
- 2) Naamusa hawaasa Mana Murtii Ol'aanaa fi Manneen Murtii Aanaa ol'aantummaan ni to'ata, ni mirkaneessa;
- 3) Badii hanqina naamusaa salphaa ilaalchisee murtii Itti Gaafatamaa Garee Inispeekshinii Godinaa fi Pirezidaantiin Mana Murtii Aanaa kennan oliyyannoon ilaalee ni murteessa, murtiin kennamus kan dhumaa ta'a;
- 4) Guddina Abbootii Seeraa fi muudamtoota Gumii Godinichaa ilaalchisee bu'uura dambii jiruutiin ilaalee yaada ka'uumsaa Gumiif ni dhiyeessa.
- 5) Jijjiirraa fi ramaddii Abbootii Seeraa fi muudamtoota Gumii Manneen Murtii Aanaa bu'uura dambii jiruutiin ni murteessa;
- 6) Karooraa fi gaaffii baajataa akkasumas gabaasa raawwii hojii Mana Murtii Ol'aanaa fi Manneen Murtii Aanaa xiinxalee Mana Murtii Waliigalaatiif ni dhiyeessa;

(መ) በአንቀጽ ፲፯ ንዑስ አንቀጽ ፩ (ረ) ሥር የተጠቀሰው አባል በሕግ ወይም የፍርድ ቤት ሥራ ላይ በቂ ግንዛቤ ያለው እና ፍርድ ቤትን ለማግዝ ፍላጎትና ተነሳሽነት ያለው ሆኖ በጨፌ አፈ ጉባኤ የሚወከል ይሆናል።

፲፱. የዞን ጉባኤ ሥልጣንና ተግባር

የዞን ጉባኤ ተጠሪነት ለከፍኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ሆኖ የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።

- ፩) የወረዳ ፍርድ ቤት ዳኞች፣ ተሿሚዎች እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ጉባኤ ተሿሚዎች፣ የወረዳ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፣ የወረዳ ሥነ-ምግባርና አፈሠር ከባድ የሥነ-ምግባር ጥሰት ጉዳይን አይቶ ይወስናል።
- ፪) የከፍተኛ ፍርድ ቤት እና የወረዳ ፍርድ ቤት ማህበረሰብ ሥነ-ምግባር በበላይነት ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል።
- ፫) ቀላል የሥነ-ምግባር ጥሰትን አስመልክቶ የዞን ሥነ-ምግባርና ኢንስፔክሽን ኃላፊ እና የወረዳ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የሰጡትን ውሳኔ በይግባኝ አይቶ ይወስናል፤ የሚሰጠውም ውሳኔ የመጨረሻ ይሆናል።
- ፬) የዞን ዳኞች እና ጉባኤ የተሿሚዎችን እድገት አስመልክቶ ባለው ደንብ መሠረት አይቶ መነሻ ሃሳብ ለጉባኤ ያቀርባል።
- ፭) የወረዳ ፍርድ ቤት ዳኞችና የጉባኤ የተሿሚዎችን ዝውውርና ምደባን ባለው ደንብ መሠረት ይወስናል።
- ፮) የከፍተኛ ፍርድ ቤት እና የወረዳ ፍርድ ቤቶች እቅድና በጀት ጥያቄ እንዲሁም ሪፖርት መርምሮ ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ያቀርባል።

(d) Member of the Zonal Commission listed under Article 17 (1) (f) shall be familiar with the law or the judicial task, and is willing and has motivation to support the activities of the Courts, and be assigned by the Speaker of the Caffee.

19. Powers and Functions of the Zonal Commission

The Zonal Commission is accountable to the President of the High Court and shall have the following powers and functions:

- 1) Decides on grave disciplinary violations committed by judge and appointees working at the District Court level, appointees working at the High Court level, President and Ethics and Inspection officer of District Courts.
- 2) Controls and ensures the discipline of High Court and District Court community;
- 3) Reviews and decides on decisions given by the head of Zonal Ethics and Inspection Team, and the President of District Court concerning simple ethical violations; decisions given accordingly shall be final;
- 4) Considers the promotion of Judges and Appointees of the Courts of the zone in accordance with the relevant regulation and forward it with recommendations to the Commission;
- 5) Decides on transfer and assignment of Judges and Appointees of District Courts in accordance with the existing regulations;
- 6) Analyzes plan and budget as well as reports of Courts of the Zone and forwards same to the Supreme Court;

7) Hojiiwwan biroo Gumii yookiin Pirezidaantiin kennamaniif ni raawwata.	፯. በጉባኤ ወይም በፕሬዚዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎችን ይፈጽማል፡፡	7) Discharges other functions as may be assigned to it by the Commission or the President.
20. Aangoo fi Hojii Walittiqaabaa Gumii Godinaa Walittiqabaan Gumii Godinaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.	፳. የዞን ጉባኤ ሰብሳቢ ሥልጣንና ተግባር የዞን ጉባኤ ሰብሳቢ የሚከተሉ ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡፡	20. Powers and Functions of the Chairman of the Zonal Commission The Chairman of the Zonal Commission shall have the following powers and functions:
1) Hojii Gumii Godinaa ni qindeessa;	፩) የዞን ጉባኤ ሥራን ያደራጃል፤	1) Coordinates the activities of the Zonal Commission;
2) Ajandaa yaa'ii ni qopheessa;	፪) የጉባኤውን አጀንዳ ያዘጋጃል፤	2) Prepares agenda of the meeting of the Zonal Commission;
3) Walgahii Gumii Godinaa ni waama, ni geggeessa;	፫) የጉባኤውን ስብሰባ ይጠራል፤ ይመራል፤	3) Summons the meetings of the Zonal Commission and presides over it;
4) Hojii Gumii Godinaa ni karoorsa, raawwannaa isaas Gumii Naannootiif ni gabaasa;	፬) የጉባኤውን ሥራ ያቅዳል፤ አፈፃፀሙንም ለጉባኤ ይዘግባል፤	4) Plans activities of the Zonal Commission and presents its Report to the Commission;
5) Hojiiwwan biroo Gumii Godinaantiin kennamaniif ni raawwata;	፭) በዞን ጉባኤ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይሠራል፡፡	5) Discharges other functions as may be assigned to him by the Zonal Commission.
21. Garee Naamusaa fi Inispeekshinii Godinaa	፳፩. የዞን ሥነ-ምግባርና እንስህክሽን ቡድን	21. Zonal Ethics and Inspection Team
1) Gareen naamusaa fi inispeekshinii godinaa itti gaafatamaa, ogeessota naamusaa, kan inispeekshinii fi kanneen biroo hojii isaa galmaan gahuuf barbaachisan ni qabaata.	፩) የዞን ሥነ-ምግባርና እንስህክሽን ቡድን ኃላፊ፣ የስነ ምግባር ባለሙያዎች፣ የእንስህክሽን ባለሙያዎች እና ሌሎች ሥራውን ከግብ ለማድረስ የሚያስፈልጉት ሠራተኞች ይኖሩታል፡፡	1) The Zonal Ethics and Inspection Team shall have a head, professionals of ethics, of inspection and other staffs necessary to carry out its functions;
2) Itti waamamni isaa Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaaf ta'ee, gareen naamusaa fi inispeekshinii godinaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.	፪) የዞን ሥነ-ምግባርና እንስህክሽን ቡድን ተጠሪነቱ ለአፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ሆኖ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡፡	2) Zonal Ethics and Inspection Team is accountable to the President of the High Court and shall have the following powers and functions:
(a) Naamusa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa fi hawaasa Mana Murtii godinichaa daagaagsuuf, akkasumas aadaa hojii garii fi ilaalcha taajaajiltummaa hawaasa Mana Murtii gabbisuuf ni hojjata;	(ሀ) የዞን የዳኝነት ሥራ መርህን እና የፍርድ ቤት ማህበረሰብ ሥነ-ምግባር ለማጎልበት እንዲሁም የሥራ ባህልና የአገልጋይነት አመለካከት ለማዳበር ይሠራል፡፡	(a) Undertakes to develop the ethics and judicial values of Court community of the Zone as well as good work culture and attitude of court community;
(b) Sirnaa fi hojimaata badaa Manneen Murtii godinichaa badii naamusaa fi malaammaltummaa maddaa ta'anii fi qaawwaa banan ni qorata; yaada fooyya'insaa ni dhiyeessa; yoo murtaa'us hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;	(ለ) በዞን ፍርድ ቤቶች ለሥነ-ምግባር ግድፈት መንስኤ ሊሆኑ የሚችሉ ሥርዓቶችንና ብልሹ አሠራሮችን ያጠናል፤ የመፍትሄ ወይም ማሻሻያ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲወሰንም ተግባራዊነቱን ይከታተላል፡፡	(b) Carries out study on working systems and malpractices that serve as a cause for and open door for ethical violations and forward recommendations; follows up its implementation when determined ;
(c) Raawwii imaammataa fi tarsiimoo ittisa badii naamusaa fi farra malaammaltummaa ni hordofa;	(ሐ) የፀረ-ኪራይ ሰብሳቢነትና ሥነ-ምግባር ግድፈት ፖሊሲና እስትራቴጂ አፈፃፀም ይከታተላል፡፡	(c) Follows up the implementation of policies and strategies meant to prevent ethical violations and corruption;

(d) Dhimmota naamusaa fi far-ra-malaammaltummaa irratti hojii hubannoo cimsuu fi barsiisuu ni hojjata; kanaan walqabatee odeeffannoo fi ragaa walitti ni qaba, ni maxxansa, ni tamsaasa; (e) Dhimmoota murtii argatan irratti sakatta'iinsa/odiitii galmee murtiin boodaa/ ni tasisa; bu'aa odiitii irratti hundaa'ee tarkaanfin sirreeffamaa akka fudhatamuuf ni hojjata; (f) Iyyannoo fi komii naamusaa/ malaammaltummaa ni keessummeessa; (g) Badiiwwan hanqina naamusaa ciccimoo muudamtoota Gumii Mana Murtii Ol'aanaa fi Mana Murtii Aanaa, fi Abbootii Seeraa Mana Murtii Aanaa ni qorata; himannaa naamusaa Gumii Godinaa irratti ni dhiyeessa; (h) Badiiwwan naamusaa salphaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Mana Murtii Ol'aanaa qoratee yaa-da murtii wajjin Itti Gaafatamaa Gareetiif ni dhiyeessa; (i) Dhimma naamusaa irratti Manneen Murtii Aanaaf deggarsa teeknikaa ni kenna; dandeettii isaanii ni ijaara; (j) Dhimmota naamusa Manneen Murtii godinichaa ilaalchisee gabaasaa fi ragaa ni qindeessa; ni xiinxala; (k) Hojiilee biroo Garee Gumii yookiin Pirezidaantiin ken-namaniif ni hojjata.	(መ) ሥነ-ምግባርና ፀረ-ኪራይ ሰብሳቢነት ላይ የግንዛቤ ማዳበሪያ ሥራ ይሠራል፤ ከዚህ ጋር በተያያዘ መረጃ ያስቀርባል፤ ያትማል፤ ያስራጫል፡፡ (ሠ) ውሳኔ ባገኙ ጉዳዮች ላይ የመግባባት ድህረ-ምርመራ ያካሂዳል፤ የድህረ-ምርመራ ውጤቱን ተገትርሶ አስፈላጊው ማስተካከያ አርምጃ አንዲወስድ ይሠራል፡፡ (ረ) ሥነ-ምግባር ክራይ ሰብሳቢነትን አስመልክቶ የሚቀርብ አቤቱታ ወይም ቅሬታን ያስተናግዳል፡፡ (ሰ) የከፍተኛ ፍርድ ቤትና የወረዳ ፍርድ ቤት ጉባኤ ተሟላጾችና ወረዳ ፍርድ ቤት ዳኞች ከፍተኛ የሥነ-ምግባር ጥሰት ይመረምራል፤ ለዞን ጉባኤ ክስ ያቀርባል፡፡ (ሸ) የከፍተኛ ፍርድ ቤት ዳኞችና ጉባኤ ተሟላጾች ቀላል የሥነ-ምግባር ጥሰት መርምሮ ከውሳኔ ሃሳብ ጋር ለቡድኑ ኃላፊ ያቀርባል፡፡ (ቀ) በሥነ-ምግባር ጉዳይ ላይ ለወረዳ ፍርድ ቤቶች የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ (በ) የዞን ፍርድ ቤቶች ሥነ-ምግባር ሁኔታን አስመልክቶ ሪፖርትና ማስረጃ ያጠናቅራል፤ ይተነትናል፡፡ (ተ) በዞን ጉባኤ ወይም በፕሬዚዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎች ይሠራል፡፡	(d) Undertakes to raise awareness and educate on disciplinary issues and malpractices; collects, publishes and disseminates relevant information and data; (e) Carries out post judgment audit of cases and takes remedial measures based on the result; (f) Receives disciplinary/corruption complaints or grievances; (g) Investigates grave disciplinary violations committed by appointees working at High Court and District Court levels, and District Court judges; files charges before the Zonal Commission; (h) Investigates simple ethical violations committed by judge and appointees working at High Court level and presents the same with its recommendation to the Head of Zonal Ethics and Inspection Team. (i) Provides technical support to District Courts in relation to disciplinary matters and builds their capacity; (j) Organizes reports and data of disciplinary matters of the Courts of the Zone; (k) Discharges other functions as may be assigned to it by the Zonal Commission or the High Court President.
22. Aangoo fi Hojii Itti Gaafatamaa Garee Naamusaa fi Inispeekshinii Godinaa Itti Gaafatamaan Garee Naamusaa fi Inispeekshinii Godinaa itti waamamni isaa Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata: 1) Garee Naamusaa fi Inispeekshinii Godinaa ni hooggana, ni to'ata;	፳፪. የዞን ሥነ-ምግባርና እንስፔክሽን ቡድን ኃላፊ ሥልጣንና ተግባር የዞን ሥነ-ምግባርና እንስፔክሽን ኃላፊ ተጠሪነት ለከፍተኛው ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ሆኖ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡፡ ፩) የዞን ሥነ-ምግባርና እንስፔክሽን ቡድንን ይመራል፤ ይቆጣጠራል	22. Powers and Functions of the Head Zonal Ethics and Inspection Team The head of Zonal Ethics and Inspection Team is accountable to the High Court President and shall have the following powers and duties: 1) Directs and supervises the Zonal Ethics and Inspection Team;

- 2) Badii naamusaa salphaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Mana Murtii Ol'aanaa yaada murtii Gareen isaa dhiyeessu irratti hundaa'uun ilaalee ni murteessa;
- 3) Sanadootni fi galmeewwan Garee isaa sirnaa fi haala ammayyaa'ee ta'een qabamuu isaanii ni mirkaneessa;
- 4) Hojiiwwan biroo pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaatiin kenamaniif ni hojjata.

23. Ofisara Naamusaa fi Inispekshinii Aanaa

Itti waamamni isaa Pirezidaantii Mana Murtii Aanaaf ta'ee Ofisarii Naamusaa fi Inispekshinii hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Naamusa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa fi hawaasa Mana Murtii Aanichaa daagaagsuuf, akkasumas aadaa hojii garii fi ilaalcha tajaajiltummaa hawaasa Mana Murtii gabbisuuf ni hojjata;
- 2) Sirnaa fi hojimaata badaa Mana Murtii Aanichaa badii naamusaa fi malaammaltummaa maddaa ta'anii fi qaawwaa banan adda baasee Garee Naamusaa fi Inispekshinii Godinaaf ni gaabasa;
- 3) Raawwii imaammataa fi tarsiimoo ittisa badii naamusaa fi farra malaammaltummaa ni hordofa;
- 4) Dhimmoota naamusaa fi hojimaata badaa irratti hojii hubannoo cimsuu fi barsiisuu ni hojjata; kanaan walqabatee odeeffannoo fi ragaa walitti ni qaba, ni tamsaasa;
- 5) Iyyannoo fi komii naamusaa/malaammaltummaa ni keesummeessa; Kanneen qorannaa barbaadan adda baasee Garee Naamusaa fi Inispekshinii Godinaaf ni dabarsa;

- ፪) የከፍተኛ ፍርድ ቤት ዳኞችና ተሿሚዎች ቀላል የሥነ-ምግባር ጥሰት ቡድኑ በሚያቀርብለት የውሳኔ ሃሳብ ላይ ተንተርሶ በማየት ይወስናል።
- ፫) የቡድኑን ሰነዶችና መዛግብት በአግባቡና በዘመን መልኩ መያዣውን ያረጋግጣል።
- ፬) በከፍተኛው ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎችን ይሠራል።

፳፫. የወረዳ ሥነ-ምግባርና እንስሳት አፈሰር

ተጠሪነቱ ለወረዳ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ሆኖ የወረዳ ሥነ-ምግባርና እንስሳት አፈሰር የሚከተሉት ተግባራት ይኖሩታል።

- ፩) የወረዳውን የዳኝነት አገልግሎት ሥነ-ምግባርና መርህን ለማጎልበት እንዲሁም የፍርድ ቤቱን ማህበረሰብ የሥራ ባህልና አገልጋይነት አመለካከትን ለማዳበር ይሠራል።
- ፪) በወረዳው ውስጥ ለሥነ-ምግባር ጥሰትና ኪራይ ሰብሳቢነት መንስኤ ሊሆኑ የሚችሉ ሥርዓቶችና አሠራሮችን ለይቶ ለዞን ሥነ-ምግባርና እንስሳት ቡድን ይዘግባል።
- ፫) የፀረ-ክራይ ሰብሳቢነትና የሥነ-ምግባር ግድፈት ፖሊሲና አስትራቴጂ አፈፃፀም ይከታተላል።
- ፬) ሥነ-ምግባርና ብልሹ አሠራር ላይ ግንዛቤ ማስጨበጫ እና ማስተማሪያ ሥራ ይሠራል፤ ከዚህ ጋር በተያያዘ ማስረጃ ይሰበስባል፤
- ፭) ሥነ-ምግባርና/ኪራይ ሰብሳቢነትን አስመልክቶ የሚቀርቡ አቤቱታና ቅሬታዎችን ያስተናግዳል፤ ምርመራ የሚያስፈልጉትን ለይቶ ለዞን ሥነ-ምግባርና እንስሳት ቡድን ያስተላልፋል።

- 2) Decides on simple ethical violations committed by judges and appointees working at Zonal High Court level based on the recommendation so forwarded;
- 3) Ensures that the files and documents of the team are kept systematically and in a modernized manner;
- 4) Discharges other functions as may be assigned to him by the High Court President.

23. Ethics and Inspection Officer of District Court

Ethics and Inspection Officer of District Court is accountable to the District Court President and shall have the following functions:

- 1) Undertakes to develop the ethics and judicial values of the Court community of the District Court as well as good work culture and attitude of the court community;
- 2) Identifies and Reports to the Zonal Ethics and Inspection Team systems and malpractices that serve as the cause and open door for ethical violations and corruption practices;
- 3) Follows up the implementation of ethical violation and anti-corruption policy and strategy;
- 4) Undertakes to raise awareness and educate on disciplinary issues and malpractices; collects, publishes and disseminates relevant information and data;
- 5) Receives petitions and grievances of discipline/corruption; identifies and forwards those which need investigation to the Zonal Ethics and Inspection Team;

- 6) Badiiwwan naamusaa salphaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Mana Murtii Aanichaa qoratee yaada murtii waliin Pirezidaantii Mana Murtii aanaatiif ni dhiyeessa;
- 7) Dhimmoota naamusa Mana Murtichaa ilaalchisee gabaasaa fi ragaa ni qindeessa;
- 8) Hojiilee biroo Garee Naamusaa fi Inispekshiinii Godinaa yookiin Pirezidaantii Mana Murtii Aanichaatiin kennamaniif ni hojjata.

Kutaa Sadii**Tumaalee Adda Addaa****24. Sirna Walgahii Gumii fi Gumii Godinaa**

- 1) Gumiin fi Gumiin Godinaa ji'a keessatti yeroo tokko walgahii isaanii ni gaggeessu.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, dhimmi ariifachiisan yommuu jiraatu Walittiqabaan yeroo kamittuu walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
- 3) Miseensotni harka caalaan yoo argaman Yaa'ichi guutuu ta'ee walgahiin ni gaggeeffama.
- 4) Murtiin kan darbu sagalee caalmaan ta'ee bakka sagaleen walqixa ta'utti sagaleen Walittiqabaa murteessummaa ni qabaata.

25. Dhimma Naamusa Hojjattoota Deeggarsaa

- 1) Badii naamusaa hojjattoota deeggarsaan raawwatamu akkaataa labsii hojjattoota mootummaatiin kan ilaalu Koreen Naamusaa Hojjattoota Manneen Murtii sadarkaa hundaatti ni hundeeffama.
- 2) Gareen Gumii Waliigalaa dhimma naamusa hojjattoota Mana Murtii Maliigalaa, Gumiin Godinaa dhimma naamusa hojjattoota Mana Murtii Ol'aanaa fi kan Manneen Murtii Aanaa oliyyannoon dhagahanii murtii ni kennu. Murtichis isa dhumaa fi oliyyannaa kan hin qabne ta'a.

- ፮) የወረዳ ፍርድ ቤቱ ዳኞችና ጉባኤ ተሿሚዎችን ቀላል የሥነ-ምግባር ጥሰት መርምሮ ከውሳኔ ሃሳብ ጋር ለወረዳ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ያቀርባል።
- ፯) የፍርድ ቤቱን ሥነ-ምግባር ጉዳዮች አስመልክቶ ሪፖርትና መረጃ ያጠናቅራል።
- ፰) በዞን ሥነ-ምግባርና እንስሮችን ቡድን ወይም በወረዳ ፍርድ ቤቱ ፕሬዚዳንት የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል።

ክፍል ሶስት**ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

- ፳፬. የጉባኤ እና የዞን ጉባኤ ስብሰባ ሥነ ሥርዓት
- ፩) ጉባኤው እና የዞን ጉባኤ በወር አንድ ጊዜ ስብሰባ ያካሂዳል። ይህ እንደተጠበቀ ሆኖ አስቸኳይ ጉዳይ በሚኖርበት ጊዜ ሁሉ አስቸኳይ ስብሰባ መጥራት ይችላል።
- ፪) አብላጫው አባላት ከተገኙ ጉባኤው መሰራት ሆኖ ስብሰባው ይካሄዳል።
- ፫) ውሳኔዎች የሚተላለፉት በአብላጫ ድምጽ ሆኖ ድምጽ እኩል በሚካፈልበት ወቅት የሰብሳቢው ድምጽ ወሳኝነት ይኖረዋል።
- ፳፭. የድጋፍ ሰራተኞች ሥነ-ምግባር ጉዳይ
- ፩) በሲቪል ሰርቫንቱ የሚፈጸሙ የሥነ-ምግባር ጥሰቶችን በመንግስት ሠራተኞች አዋጅ መሠረት አይቶ የሚወስን የዲሲፒሊን ኮሚቴ በሁሉም ፍርድ ቤቶች ይቋቋማል።
- ፪) የጠቅላይ ጉባኤ ቡድን የጠቅላይ ፍርድ ቤት ሠራተኞችን ሥነ-ምግባር ጥሰት፣ የዞን ጉባኤ የከፍተኛ ፍርድ ቤት እና የወረዳ ፍርድ ቤት ሠራተኞች ሥነ-ምግባር ጉዳይን በይግባኝ አይቶ ውሳኔ ይሰጣሉ። ውሳኔውም የመጨረሻና ይግባኝ የሌለው ይሆናል።

- 6) Investigates simple ethical violations committed by judges and appointees working at the District Court level and forwards same together with his recommendation to the District Court President;
- 7) Organizes report and data of the District Court disciplinary matters;
- 8) Discharges other functions as may be assigned to him by the Zonal Ethics and Inspection Team or by the District Court President.

Part Three**Miscellaneous Provisions****24. Meetings of the Commission and of the Zonal Commission**

- 1) The Commission and the Zonal Commission shall convene once a month;
- 2) Notwithstanding the provision of Sub-article (1) of this Article, the chairman may convene a special meeting at any time;
- 3) There shall be a quorum where a majority of the members are present;
- 4) Decisions shall be passed by a majority vote; in case of a tie, however, the Chairman shall have a casting vote.

25. Disciplinary Issues of the civil servant

- 1) A Disciplinary Committee shall be established at all level of Courts to investigate and decide on ethical violations committed by administrative staffs in accordance with the civil servants proclamation.
- 2) The Supreme Adjudicatory Team shall review and decide on disciplinary matters of Supreme Court Administrative Staff; the Zonal Commission shall review and decide on disciplinary issues of administrative staffs High Court and District Courts in form of appeal; the decision given accordingly is final and shall have no appeal.

26. Sababoota Miseensummaa Irraa Kaasisan

- 1) Miseensi Gumii yookiin Gumii Godinaa tokko sababoota armaan gadiitiin miseensummaa isaa irraa ka'uu ni danda'a.
 - (a) Yeroon tajaajilaa isaa yoo dhumate;
 - (b) Sababoota adda addaatiin hojii yoo gadi lakkise;
 - (c) Sababa guddinaa yookiin jijji-irraan bakka biraa yoo deeme fi Walgahii Gumii irratti argamuun rakkisaa yoo ta'e;
 - (d) Itti gaafatamummaa akka miseensatti irraa eegamu sirnaan bahachuu dhabuu Gumii yoo irratti mirkaneesse;
 - (e) Hanqina naamusaa cimaan yoo adaabame; yookiin
 - (f) Miseensummaa fedhi isaatiin yoo dhiise.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) tiin miseensi Gumii yommuu hir'atu bu'uura miseensi bakka buufamu itti filatameen kan guutamu ta'a.
- 3) Bu'uura tumaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) tiin filannoon bakka bu'iinsaa hanga gaggeeffamutti Pirezidaantiin Mana Murtichaa nama ulaagaa guutu bakka buusee hojjachiiisuu ni danda'a.

27. Aangoo Ajaja Waamichaa Dabarsuu

- 1) Dhimma naamusaa qoratamaa yookiin ilaalamaa jiruun wal qabatee dhimmi qulqullaa'uu qabu jiraachuun isaa yoo itti amaname qaamoleen Gumii qaama dhimmi ilaalu akka dhihaatus ta'ee ragaa dhiyaachuu qabu akka dhiheessu ajajuu ni danda'u.
- 2) Ajajni bifa kanaan kennamus akka ajaja dhaddachatti fudhatama.

፳፮. ከአባልነት ስለሚያስነሱ ምክንያቶች

- ፩) የሚከተሉት ምክንያቶች የጉባኤ ወይም የዞን ጉባኤ አባልን ከአባልነቱ ሊያስነሱት ይችላሉ፡፡
 - (ሀ) የአገልግሎት ጊዜው ሲጠናቀቅ፤
 - (ለ) በልዩ ልዩ ምክንያት ሥራ ከለቀቀ፤
 - (ሐ) በእድገት ወይም በዝውውር ወደ ሌላ ሥፍራ ከሄደ እና በጉባኤው ሥብሰባ ላይ መገኘት ካልቻለ፤
 - (መ) የአባልነት ግዴታውን በአግባቡ አለመወጣቱን ጉባኤው ካረጋገጠ፤
 - (ሠ) በከባድ የሥነ-ምግባር ግድፈት ከተቀጣ ወይም
 - (ረ) በፍላጎት አባልነቱን ከተወ
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሰረት የጉባኤ አባል ሲጎድል የሚተካው አባል በሚመረጥበት አግባብ የሚሟላ ይሆናል፡፡
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ድንጋጌ መሰረት ምርጫ እስከሚካሄድ ድረስ የፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት መስፈርቱን የሚያሟላ ሰው ወክሎ ማሰራት ይችላል፡፡

፳፯. የመጥሪያ ትዕዛዝ የመስጠት ሥልጣን

- ፩) በመታየት ላይ ወይም ምርመራ ላይ ያለን የሥነ-ምግባር ጉዳይን አስመልቶ መሠራት ያለበት ነገር መኖሩ ሲታመንበት የጉባኤ አካላት የሚመለከተውን ሰው እንዲቀርብም ሆነ ማቅረብ ያለበትን ማስረጃ እንዲያቀርብ ማዘዝ ይችላሉ፡፡
- ፪) በዚህ መልክ የሚሰጥ ትዕዛዝም አንደኛው ትዕዛዝ ይቆጠራል፡፡

26. Grounds For Termination of Membership

- 1) The membership of a member of Regional Commission or Zonal Commission may be terminated on the following grounds:
 - (a) Where his term of service is due;
 - (b) Where he left his job on account of various reasons;
 - (c) Where he has moved to another place by transfer or promotion and his participation on the meetings of the Commission or of the Zonal Commission becomes difficult;
 - (d) Where the Commission or the Zonal Commission verified that his failure to discharge his duties as a member;
 - (e) Where he is convicted of grave ethical violations or
 - (f) Where he willfully resigns from his membership;
- 2) Where a membership of a member of the Commission or of the Zonal Commission is terminated in accordance with Sub-article (1) of this Article, an election will be held in the same manner the outgoing member was elected.
- 3) Until election is held in accordance with Sub-article (2) of this Article, the President or the High Court President may assign a person who fulfills the requirements.

27. Power To Summon

- 1) Where it is deemed necessary to clarify issues of disciplinary matters, bodies of the Commission may summon concerned organs to appear in person as well as to present required evidence.
- 2) An order of Summon given accordingly shall be considered as a Court order;

28. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Labsiin Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannoo Oromiyaa irra deebiin dhaabuuf bahe lakk.142/2000 labsii kanaan guutummaatti haqameera.
- 2) Dhimmoota labsii kanaan haguugaman ilaalchisee seerri, qajeelfamni, murtii fi hojimaanni labsii kanaan walitti bu'u kamuu raawwatiinsa hin qabaatu.

29. Dhimmoota Naamusaa Ilaalamaa Jiran

Dhimmoonni naamusaa labsii kana dura dhiyaatanii ilaalamaa jiran bu'uuruma seeraa fi sirna duraan jiruutiin xumura kan argatan ta'u.

30. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

Gumiin labsii kana hojiirraa oolchuudhaaf dambii fi qajeelfama barbaachisa ni baasa.

31. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyya Magalata Oromiyaa irratti maxxanfame irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee

Fulbaana 28 Bara 2011

Lammaa Magarsaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፳፰. የተሻሩ እና ተፈጻሚነት የሌላቸው ሕጎች

- ፩) የኦሮሚያ ክልል የዳኞች አስተዳደር ጉባኤ እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፵፪/፪ሺ ሙሉ በሙሉ በዚህ አዋጅ ተሽሯል።
- ፪) በዚህ አዋጅ ውስጥ የተካተቱ ጉዳዮችን አስመልክቶ አዋጁን የሚቃረኑ ሕጎች፣ መመሪያዎች እና አሠራር ተፈጻሚነት የላቸውም።

፳፱. በመታየት ላይ ስላሉ የሥነ-ምግባር ጉዳዮች

በቀድሞ አዋጅ መሠረት ቀርበው መታየት ላይ ያሉ የሥነ-ምግባር ጉዳዮች በቀድሞው አዋጅ እና ሥርዓት መሠረት ፍፃሜ የሚያገኙ ይሆናል።

፴. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

ይህ አዋጅ ሥራ ላይ ለማዋል ጉባኤው ደንብና መመሪያ ያወጣል።

፴፩. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ በመገለጥ ኦሮሚያ ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ

መስከረም ፳፰ ቀን ፪ሺ፲፩ ዓ.ም

ለማ መገርሣ

የኦሮሚያ ክልል መንግስት ፕሬዚዳንት

28. Repealed and Inapplicable Laws

- 1) A proclamation for the reestablishment of Oromia Judicial Administration Commission proclamation no. 142/2008 is hereby entirely repealed by this proclamation.
- 2) Any law, directive, decision and practice inconsistent with this proclamation with respect to matters provided for in this Proclamation shall have no effect.

29. Pending Disciplinary Cases

All disciplinary cases pending before the coming into force of this proclamation shall be finalized in accordance with the previous laws and procedures.

30. Power to Issue Regulation and Directive

The Commission may issue regulations and directives necessary to enforce this proclamation.

31. Effective Date

This proclamation shall come into force on the day of its publication on Megeleta Oromia.

Finfine

October 8, 2018

Lema Megersa

President of Oromia Regional State